



Waggaa 9^{ffaa} Lak. 12
 9th year ቁጥር 12
 9th year No. 12

Finfinnee, Waxabajjii 15/1993
 ፊንፊኔ ሰኔ 15 ቀን ፲፱፻፹፫
 Finfine, June 22th 2001

MAGALATA OROMIYAA

መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo 5-35 የገዳ ዋጋ Unit Price.	Too'annaa Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe በኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ም/ቤት ጠባቂነት የወጣ	Lakk. S. Poostaa 101769 የፖ.ባ.ቁጥር P.O.Box
--	---	--

QABEENTAA Bahe Lakk. 23/1993 "Dambii Galmeesaa Waabiin Qabiinsa Dhaabbata Daldalaa Murteessuf Bahe fuula 1	ማውጫ ደንብ ቁጥር ፳፫/፲፱፻፹፫ "የንግድ ተቋም የዋስትና መያዣ ምዝገባን ለመወሰን የወጣ ደንብ ገጽ ፩	CONTENT Regulations No. 23/2001 "Business Mortgage Registration Regulations Page 1
--	--	---

**DAMBII GALMEESAA WAABIIN
QABIINSA DHAABBATA
DALDALAA MURTEESSUUF
BAHE**

Koreen Hojii Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Heera Mootummaa Oromiyaa keewwata 54(6) fi Labsii Waabiin Qabiinsa Dhaabbata Daldalaa Lakk. 98/90 keewwata 3(2) fi 21 irratti hundaayee Dambii kana baaseera.

- Mata Duree Gabaabaa**
Dambiin kun "Dambii Galmeesaa Waabiin Qabiinsa Dhaabbata Daldalaa Murteessuf Bahe Lakk. 23/93" jedhamee waamamuu ni danda'a.
- Hiika**
Akkaataan seensa jechichaa hiika biraa kan keennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti;
1) "Biiroo" jechuun Biiroo Daldalaa, Industrii fi Tuurizimii Oromiyaati.

**የንግድ ተቋም የዋስትና መያዣ ምዝገባን
ለመወሰን የወጣ ደንብ**

በኦሮሚያ ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፶፬(፮) እና ስለንግድ ተቋም የዋስትና መያዣ በወጣው አዋጅ ቁ. ፲፰/፲ አንቀጽ ፫(፩) እና ፳፩ መሠረት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ሥራ አሥሪዓማ ኮሚቴ የሚከተለውን ደንብ አውጥቷል።

፩. አጭር ርዕስ
ይህ ደንብ "የንግድ ተቋም የዋስትና መያዣ ምዝገባን ለመወሰን የወጣ ደንብ ቁጥር 23/1993" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

፪. ትርጓሜ
የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ ደንብ ውስጥ፡-

፩. "ቢሮ" ማለት የኦሮሚያ የንግድ ፣ የኢንዱስትሪና የቱሪዝም ቢሮ ማለት ነው።

**REGULATIONS TO PROVIDE FOR
THE REGISTRATION OF
BUSINESS MORTGAGE**

These Regulations are issued by the Executive Committee of the Oromia Regional State pursuant to Article 54(6) of the Constitution of the Region and Articles 3(2) and 21 of the Business Mortgage Proclamation No. 98/98.

- Short Title**
These Regulations may be cited as the "Business Mortgage Registration Regulations No. 23/2001."
- Definition**
Unless the context otherwise requires, in these Regulations:
1) "Bureau" means the Oromia Trade, industry and Tourism Bureau.

- 2) “Dhaabbata Daldalaa’ jechuun dhaabbata daldalaa Seera Daldalaa bara 1952 bahe keessatti ibsame kan ilaaludha.
- 3) “Galmeemee” jechuun bu’ura Dambii kanaan galmeemee galmeesaa waabiin qabiinsa dhaabbata daldalaati.
- 4) “Qitsii Iyyannoo” kan jedhu kan kanatti aanan ni dabalata-
 - (a) Maqaa fi teessoo nama iyyata dhiyeessee ykn bakka bu’aa seeraa isaa,
 - (b) Dhaabbatni daldalichaa armaan dura waabiin qabameerra yoo ta’e, guyyaa fi lakkoofsa galmichaa,
 - (c) Qabiinsi wabummaa seera ykn waliigaltee irraa kan madde ta’uu isaa,
 - (d) Gaaffin galmeessa haaraa gochuuf ykn galmeessa duraan godhame fooyeesuuf kan dhiyaate ta’uu isaa, fi
 - (e) Guyyaa, ji’aa fi bara qistichi itti guutame.
- 5. “Reejistiraara’ jechuun ittigaafatamaa galmeemee waabiin qabiinsaa jechuudha. Kunis, itti aanaa Reejistiraaraa ni dabalata.
- 6. “Nama” jechuun nama uumamaa ykn kan qaamni seerummaa keennameeffidha.
- 3. *Iddoo Galmeen Waabiin Qabiinsaa Itti dhaabbatu*
Galmeen wabiin qabiinsa dhaabbata daldalaa waajjira ol-aanaa Biirichaatti ykn iddoowan biroo barbaachisaa ta’anitti dhaabbachuu ni danda’a.
- 4. *Aangoof Hojii Biirichaa*
Biiron aangoofi hojii kanatti aanu ni qabaata:
 - 1) Reejistiraaricha ni muuda;
 - 2) Galmeemee waabiin qabiinsaa ni hundeesa;
 - 3) Haala dhaabbatni daldalaa wabiin qabame irra jiru ni qulqulleessa; ni too’ata;

- ፪. “የንግድ ተቋም” ማለት በ፲፱፻፶፪ ዓ.ም በወጣው የንግድ ሕግ የተመለከተው የንግድ መደብር ነው።
- ፫. “መዝገብ” ማለት በዚህ ደንብ መሠረት የሚቋቋም የንግድ ተቋም ዋስትና መያዣ መዝገብ ነው።
- ፬. “የማመልከቻ ቅጽ” የሚለው ሐረግ የሚከተሉትን ይጨምራል፤
 - ሀ) የምዝገባ ጥያቄ ያቀረበው ሰው ወይም የሕጋዊ ወኪሉ ስምና አድራሻ፤
 - ለ) የንግድ ተቋሙ አስቀድሞ በመያዣነት የተሰጠው ከሆነ የመዝገቡ ቁጥርና ቀን፤
 - ሐ) የዋስትና መያዣው ከሕግ ወይም ከውል የመነጨ መሆኑ፤
 - መ) የምዝገባው ጥያቄ አዲስ ምዝገባ ለማድረግ ወይም ቀድሞ የተደረገ ምዝገባ ለማሻሻል የቀረበ መሆኑ፤
 - ሠ) ቅጹ የተሞላበት ቀን፤ ወርና ዓመተ ምሕረት።
- ፭. “ረጅስትራር” ማለት የዋስትና መያዣ መዝገብ ኃላፊ ማለት ነው። ይህም ም/ረጅስትራርን ይጨምራል።
- ፮. “ሰው” ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም የሕግ ሰውነት የተሰጠው አካል ነው።
- ፯. የዋስትና መያዣ መዝገብ ስለሚቋቋም መሰት ሥፍራ
በንግድ ተቋም ላይ የሚደረግ የዋስትና መያዣ መዝገብ በቢሮው ዋና መ/ቤት ወይም አስፈላጊ በሆኑ ሌሎች ሥፍራዎች ሊቋቋም ይችላል።
- ፱. የቢሮው ሥልጣንና ተግባር
ቢሮው የሚከተለው ሥልጣንና ተግባር ይኖረዋል፤
 - ፩. ረጅስትራርን ይሾማል፤
 - ፪. የዋስትና መያዣ መዝገብን ያቋቁማል፤
 - ፫. በዋስትና መያዣነት የተመዘገበው የንግድ ተቋም ስለሚገኝበት ሁኔታ ያጣራል፤ ይቆጣጠራል፤

- 2) “Business” means a business specified under the 1960 Commercial Code.
- 3) “Register” means a registry of business mortgage established in accordance with these Regulations.
- 4) “Application form” shall include the following:
 - (a) the name and address of the applicant or his agent requesting for registration,
 - (b) if the business has been mortgaged previously, the registry number and date of the registry,
 - (c) whether the mortgage emanates from the law or contract,
 - (d) whether the application for registration is for making new registration or amending existing registration and
 - (e) the date, month and year of submitting the application.
- 5) “Registrar” means an official in charge of business mortgage registry.
- 6) “Person” means any natural or juridical person.
- 3. *Place for Establishing Business Mortgage Registry*
Business mortgage registry shall be established at the Head Office of the bureau or other places, as may be necessary.
- 4. *Powers and Duties of the Bureau*
the Bureau shall have the following powers and duties:
 - 1) to appoint a Registrar;
 - 2) to establish business mortgage registry;
 - 3) to inspect and supervise the status of business mortgage registered as a mortgage;

- 4) Tarkaanfiiwwan raawwii gurgurtaan caalbaasiif gargaaran ni fudhata; barbaachisaa yoo ta'e, poolisii ni ajaja;
- 5) Raawwii hojii fi qabiinsa galmee waajjira Reejistiraaraa hojii waabiin qabiinsaaf isa jalatti dhaabbate ni to'ata;
- 6) Qajeelfama raawwii Dambii kanaaf gargaaru ni baasa.

5. *Aangoof Hojii Reejistiraarichaa*

- 1) Reejistiraarichi:
 - (a) Qabiinsa galmee ni qajeelcha;
 - (b) Waliigaltee wabiin qabiinsaa sirnaan ni kaa'a;
 - (c) Qistiin iyyannoo galmeesaa sanadoota barbaachisaa ta'an waliin akka dhiyaatu godhuu fi dhugaa ta'uu isaa mirkaneesuun wabiin qabiinsa ni galmeesa; ragaa seera qabeessa ta'e ni kenna;
 - (d) Hojiiwwan biroo Ogganaa Biiron kennamaniif ni raawwata.

- 2) Reejistiraarichi bu'uura Dambii kanaan:
 - (a) Dhaabbatni daldalaa wabiin qabamu akka galmaa'u yoo dhiyaatuuf yoo galmeesu ykn
 - (b) Ragaa dhaabbatni daldala wabiin qabamu isaa mirkaneessu yoo kennu dogongora (balleessaa) raawwatuuf kan itti gaafatamu ta'a.

6. *Waa'ee Galmeessaa fi Dhimmoota Galmee Keessatti Barreeffamanii*

- 1) Qistiin iyyannoo kan guutamu waraabbii lamaan ta'ee, tokoffaan galmee waajjira Reejistiraarichatti banamu waliin kan qabsiifamu yoo ta'u; lamaffaan galmee heyyama daldalaa maqaa nama wabiin qabsiisuun baname waliin qabsiifama.
- 2) Galmeessi kan godhamu:
 - (a) seera Daldalaa keewwata 175 ykn 178 irratti kan barreeffaman,

ሀ. ለሐራጅ ሽያጭ አፈጻጸም የሚረዱ እርምጃዎችን ይወስዳል፤ አስፈላጊ ሲሆን የፖሊስ ኃይል ያዛል፤

፩. በሥራ የተቋቋመው የሪጅስትራር ጽ/ቤት የዋስትና መያዣ መዝገብን መልካም አያያዝና የሥራውን አፈጻጸም ይቆጣጠራል።

፪. ለዚህ ደንብ አፈጻጸም የሚረዱ ዝርዝር መመሪያ ያወጣል።

፮. የሪጅስትራር ሥልጣንና ተግባር

፩. ሬጅስትራር፡-

ሀ) የዋስትና መያዣ መዝገብ አያያዝን ይመራል።

ለ) የዋስትና መያዣ ውልን በሥርዓት ያስቀምጣል።

ሐ) የምዝገባ ማመልከቻ ቅጽ አስፈላጊ ከሆኑ ሰነዶች ጋር እንዲቀርብ በማድረግና ትክክለኛነቱን በማረጋገጥ የዋስትና መያዣውን ይመዘግባል። ሕጋዊ የሆነ ማስረጃም ይሰጣል።

መ) በቢሮው ላይ የሚሰጡትን ሌሎች ሥራዎች ያከናውናል።

፪. ሬጅስትራር በዚህ ደንብ መሠረት፡-

ሀ) እንዲመዘገብ የቀረበለትን የንግድ ተቋም ዋስትና መያዣ ሲመዘግብ ወይም

ለ) የንግድ ተቋም የዋስትና መያዣ መመዘገብን የሚያመልክት ማስረጃ ሲሰጥ ለማረጋገጫው ስህተት (ጥፋት) ተጠያቂ ይሆናል።

፫. ስለምዝገባና በመዝገብ ስለሚገቡ መግለጫዎች

፩. የማመልከቻ ቅጽ የሚሞላው በሁለት ቅጂዎች ሆኖ የመጀመሪያው በሪጅስትራር ጽ/ቤት ከሚከፈተው ማኅበር ጋር የሚያያዝ ሲሆን፣ ሁለተኛው በተባዳሪው ስም ከተከፈተው የንግድ ፈቃድ ማገደር ጋር ይያያዛል።

፪. ምዝገባ የሚደረገው፡-

ሀ) በንግድ ሕግ አንቀጽ ፩፻፸፮ ወይም ፩፻፸፯ የተገፋፋ፡፡

- 4) to take measures for the execution of business mortgage auction;
- 5) to supervise the proper keeping of business mortgage registry by the Registrar and
- 6) to issue directives for the implementation of these Regulations.

5. *Powers and Duties of the Registrar*

- 1. The Registrar shall:
 - (a) direct the keeping of mortgage registries;
 - (b) deposit properly the contract of business mortgage;
 - (c) upon causing the submission and verifying the accuracy of the application form, register business mortgage and
 - (d) perform other functions assigned to him by the Bureau Head.

2) The Registrar shall be liable where he commits mistake in the process of:

- (a) entering registration of business mortgage, or
- (b) issuing evidence which indicates the registration of business mortgage.

6. *Registration and Information Entered in the Registrar*

- 1) The application form shall be filled in two copies; the first copy shall be attached to the file opened by the Registrar; the second copy shall be attached to the file of the business license of the debtor.
- 2) Registration shall be made where:

- (a) the conditions specified under Article 175 or 178 of the Commercial Code,

- (b) Qistiin iyyannoo,
- (c) Heyyamni daldalaa fi
- (d) Sanadiin waliigaltee gaaffii galmeessaaf ka'uumsa ta'e ykn ragaan biroo guutamaanii yoo dhiyaatan ta'a.
- 3) Galmeessi kan raawwatu qooqawwan Afaan Oromoo fi Amaariffaan ta'a.
- 4) Galmees keesatti:
 - (a) Maqaa fi teessoon liqeessaa fi liqeeffataa,
 - (b) Guyyaa, ji'aa fi bara qabiinsi wabummaa galmeetti galee fi raggaa'ee turu,
 - (c) Hamma maallaqa wabummaa ykn herreega biroo lakkoofsa fi qubeedhaan,
 - (d) Haalotni yeroon waliigalteen raga'ee turu ilaalan Reejistiraarichaan ifaan barreefamuu qabu; galmichaa lakkoofsi addaa wal dura duuba qabu ni keennamaaf.
- 5) Mallattoon adda liqeessaadhaan qabeenyicharratti godhamu galmees irratti akka barreeffamu ni ta'a.
- 6) Ibsootni (odeefannoowwan) galmees keessatti barreeffaman qalama hin badneen barreeffamuu qabu.
- 7) Nama gaaffii wabiin qabiinsi akka galmaa'uuf dhiyeesseef galmeessi raawachuu isaa ragaan ibsu kan Reejistiraarichi itti mallateessee ni keennamaaf.

7. Haala Qabiinsa Galmees

- 1) Galmeen wabii fi barreeffamootni barbaachiisaa ta'an kan biroo of eegannoo ol-aanaadhaan iddoo miidhaan irra hingenye taa'uu qabu. Keessumaa yyyuu, galmichi balaa ibiddaa, bishaanii, ykn badiinsa sababa birootiin dhufu irraa itisuu haala dandeessisuun ta'uu qaba.

- ለ) ማመልከቻ ቅጽ።
- ሐ) የንግድ ሪ.ቃድና ሙ) ለምዝገባው ጥያቄ መነሻ የሆነው የውል ሰነድ ወይም ሌላ ማስረጃ ተመልተው ሲቀርቡ ይሆናል።
- ቪ. ምዝገባ የሚካሄደው በአሮሚኛና በአማርኛ ቋንቋ ነው።
- ፱. በመዝገቡ ውስጥ፡-
 - ሀ) የአባዳሪውና የተባዳሪው ስሞችና አድራሻዎች።
 - ለ) የዋስትና መያዣው በመዝገብ የገባበት እና ዐንቶ የሚቆይበት ቀን፣ ወርና ዓመተ ምህረት።
 - ሐ) የዋስትናው ገንዘብ መጠን ወይም ሌላ ሂሳብ በአገዛዥ በፊደል።
 - መ) ውሉ ዐንቶ የሚቆይበት ጊዜ የሚመለከቱ ሁኔታዎች በረጅሰት ራሩ በግልፅ መጻፍ ይኖርባቸዋል። መዝገቡ ተከታታይነት ያለው መሆኑ ቁጥር ይሰጣል።
 - ራ. በንግድ ተቋሙ ላይ በአባዳሪው የሚያረገው መሆኑ ምልክትም በመዝገቡ እንዲሰፍር ይደረጋል።
 - ገ. በመዝገብ ውስጥ የሚገኙ መግለጫዎች በማይጠፋ ቀለም መጻፍ ይኖርባቸዋል።
 - ዘ. የዋስትና መያዣው እንዲመዘገብ ጥያቄ ላቀረበው ሰው ምዝገባው መፈፀሙን የሚያረጋግጥ ሪጅስትራሩ የፈረመበት ማስረጃ ይሰጣል።

፯. በለመዝገብ አያያዝ

- ፩. የዋስትና መያዣ መዝገብና ሌሎች አግባብነት ያላቸው ጽሑፎች በከፍተኛ ጥበቃና ጥንቃቄ ጉዳት ሊደርስባቸው በማይችሉ ቦታ መጠበቅ ይኖርባቸዋል። በተለይም፡ መዝገቡ ከእሳት አይጋ፣ ከውሃ ወይም በሌላ ነገር ከሚመጣ ብልሽት ለመከላከል በሚቻልበት ሥፍራ መቀመጥ አለበት።

- (b) application form,
- (c) business license, and
- (d) the contractual basis of the business mortgage or other relevant documents are fulfilled and submitted.
- 3) Registration shall be made in the Oromo and Amharic languages.
- 4) The following information shall be entered clearly in the register by the Registrar:
 - (a) names and addresses of the secured creditor and debtor,
 - (b) the day, month and year of the entry of mortgage in the register,
 - (c) any amount of money or other sum both in figures and words and
 - (d) the duration of the validity of the mortgage; the registers shall be given consecutive numbers.
- 5) The identification mark designated by the secured creditor shall be entered in the register.
- 6) Any information or particular entered in the register shall be written in ink which does not fade-out.
- 7) An evidence showing that the business mortgage is registered shall be given to the applicant by the Registrar.

7. Keeping of Registries

- 1) The business mortgage registers and other related documents shall be kept with due care; in particular, they may not be exposed to fire or water or any other condition which causes damage to the registers.

- 2) Ogganaa Biirrootiin ifaan yoo heyyamame malee, galmee wabiin qabiinsaa irratti Reejistiraarichaan ala namni biroo barreessuu ykn mallatteessuu hin danda'u.
 - 3) Beekumsaa fi heyyama Reejistiraarichaan ala galmee wabiin iddoo kaahama-nirraa hin socho'an.
 - 4) Namni ragaawwan (odeeffannoowwan) galmee irratti barreeffamana ilaaluu barbaadu kamiyyuu dursee Reejistiraaricha heyyamsiisuu qaba.
 - 5) Dhimmi galmi'aa'e tokko kan fooyya'u liqeessaa fi liqeeffataan fooya'iinsichi akka raawwatu sanadii irratti waliigalan yoo dhiyessan ta'a. Jechichi ykn kan biraa kan fooyya'u sarara tokkoon haquudhaaniifi haaraa akka galu itti waliigalan ifaan bakka sanaatti barreessuudhaan ta'a.
8. *Waa'ee Galmee Bakka Buusuu*
Galmee wabiin qabiinsaa baduun ykn manca'uun isaa qaama dhimmi ilaaluu yoo mirkanaa'e, bu'uura warraabbii lammaffaa galmee/hars-himnee heyyama daldalaa keessa taa'een galmichi deebi'ee akka qophaa'u ni ta'a.
9. *Waa'ee Yeroo Galmeessaa Dheeressuu*
- 1) Galmee wabiin qabiinsaa yeroon raga'ee itti turu waliigaltee liqeessaa fi liqeeffataan akka dheeratu yoo ta'e, namni wabiin qabiinsa galmeessise yeroon wabiin qabiinsaa dheerachuu isaa kan agarsiisu sandii waliigaltee Rreejistraarichaatti dhiyessuu qaba. Waraabbiin sanadichaa kan mirkanaa'ees galmee waliin qabsiifamee taa'a.
 - 2) Reejistraarichi yeroon wabiin qabiinsaa kan dheerate ta'uu isaa qabxii ykn yaada agarsiisu galmee irratti ni barreessa.

- ፩. በቢ.ሮ.ው.ሃላፊ በግልፅ ካልተፈቀደለት በቀር ከሪጅስትራት ውጪ ሌላ ሰው በዋስትና መያዣ መዝገብ ላይ መጻፍ ወይም መረጋም አይችልም።
 - ፪. ያለ ሪጅስትራት እውቅናና ፈቃድ መዝገቦች ከቦታቸው አይዘዋወሩም።
 - ፫. በመዝገቡ የተጻፉትን መረጃዎች ማየት የሚፈልግ ሰው አስቀድሞ ሪጅስትራትን ማስፈቀድ ይኖርበታል።
 - ፬. አንድ የተመዘገበ ጉዳይ የሚታረመው አበዳሪና ተበዳሪ እርሳቱ እንዲፈፀም የተስማሙበትን ሰነድ ሲያቀርቡ ይሆናል። ቃሉ ወይም ሐረጉ የሚታረመው በአንድ መሥመር በመሠረዝና አዲስ እንዲገባ የተስማሙትን በግልፅ በምትኩ በመጻፍ ይሆናል።
- ፭. መዝገብን ስለመተካት
የዋስትና መያዣ መዝገብ መጥፋት ወይም መበላሸት አግባብ ባለው አካል ከተረጋገጠ ከንግድ ፈቃዱ ማገደር ጋር ተያይዞ በተቀመጠው ሁለተኛ ቅጂ መሠረት መዝገቡ እንደገና እንዲዘጋጅ ይደረጋል።
- ፮. የምዝገባ ጊዜን ስለማራዘም
- ፩. የተመዘገበ የዋስትና መያዣ ፀንቶ የሚቆይበት ጊዜ በአበዳሪና ተበዳሪ ስምምነት እንዲራዘም ከተደረገ የዋስትና መያዣውን ያስመዘገበው ሰው የዋስትና መያዣው ጊዜ መራዘሙን የሚያመለክት የስምምነት ሰነድ ለሪጅስትራት ማቅረብ ይኖርበታል። የተረጋገጠ የሰነዱ ቅጂም ከመዝገቡ ጋር ተያይዞ ይቀመጣል።
 - ፪. ሪጅስትራት የዋስትና መያዣው ጊዜ የተራዘመ መሆኑን የሚያመለክት ነጥብ ወይም ሃሳብ በመዝገቡ ላይ ያሰፍራል።

- 2) Unless expressly authorized by the Bureau Head, no person other than the Registrar shall have a power to write or sign in the register.
 - 3) Any register may not be removed from its site without the prior authorization and knowledge of the Registrar.
 - 4) A person who wants to see particulars of any registry shall obtain prior authorization from the Registrar.
 - 5) Any register may be corrected where the secured creditor and debtor submit a document agreed upon for same purpose; a word or phrase shall be corrected by canceling it with a single line and replacing it with a new word or phrase agreed upon.
8. *Substitution of Register*
Where it is proved by a competent organ that the register is lost or damaged, it shall be substituted in accordance with the second copy attached to the file of the business license of the debtor.
9. *Time Extension of Register*
- 1) Where the secured creditor and debtor agree to extend the validity period of the business mortgage, the person who caused the Registration shall produce a document which shows the extension of time to the registrar; a verified copy of the document shall be attached to the register.
 - 2) The Registrar shall enter in the register a particular point which indicates the time extension of the business mortgage.

- 10. *Waa'ee Galmeessa Haquu*
 - 1) Namni wabiin qabiinsi-chi galmee irraa akka haqamuuf gaafatu sanada waliigaltee qabiinsichi akka haqamu ittiin godhame ykn murtee dhu-maamana murtiitiin kee-nname dhiyeessuu qaba.
 - 2) Reejistiraarichi sandni waliigaltee ykn murteen mana murtii dhiyaate si-rii ta'uu isaa mirkanees-see qabiinsicha galmee irraa ni haqa.

- 11. *Waa'ee Kafaltii Tajaajilaa*
 - 1) Dhaabbata daldala wab-iin qabiinsaa:
 - (a) Galmeessiisuuf Qr. 300 (muramaan)
 - (b) Galmeessa fooyyees-suuf ykn haquuf Qr. 50 (muramaan)
 - (c) Waraaabbii galmees-saa fudhachuuf ykn tajaajila biroo argac-huuf Qr. 50 (muram-aan) ni kafalama.
 - 2) Waliigalteen biraa yoo ji-raate malee, caalbaasii kabachiisuu fi raawwac-hiisuuf kafaltii barbaach-isu liqeessaan ni dan-da'a.

12. *Dirqama Deeggarsaa*
Poolisiin ykn namni biroo kan dhimmi ilaalu kamiyyuu raawwii Dambii kanaaf deeg-garsa keennuuf dirqama qa-ba.

13. *Yeroo Dambiin kun Itti Rag-ga'u*
Dambiin kun Waxabajjii 15 bara 1993 irraa eegalee kan ragga'e ta'a.

Finfinnee, Waxabajjii 15 bara 1993

Kumaa Dammaqsaa
Pirezidaanti Mootummaa
Naannoo Oromiyaa

፲. ምዝገባ ስለመሠረዝ

- ፩. የዋስትና መያዣ ከመዝገብ እንዲሠረዝለት የሚጠይቅ ሰው መያዣው እንዲሰረዝ የተደረገበትን የስምምነት ሰነድ በፍ/ቤት የተሰጠውን የመጨረሻ ውሳኔ ማቅረብ ይኖርበታል።
- ፪. ሬጅስትራሩ የቀረበውን የስምምነት ሰነድ ወይም የፍርድ ቤት ውሳኔ ትክክለኛነት አረጋግጦ መያዣውን ከመዝገብ ይሰርዛል።

፲፩. ስለአገልግሎት ክፍያ

- ፩. የግዳ ተቋም የዋስትና መያዣን፡-
 - ሀ) ለማስመዝገብ.... ብር 300 (በቁርጥ)
 - ለ) ምዝገባ ለማሻሻል ወይም ለማረም ወይም ለማሠረዝ..... ብር 50 (በቁርጥ)
 - ሐ) የምዝገባ ቅጂ ለመውሰድ ወይም ሌላ አገልግሎት ለማግኘት ብር 50 (በቁርጥ) ይከፈላል።
 - ፪. ተቃራኒ የሆነ ስምምነት ከሌለ በቀር፡ ለዋስትናው አፈጻጸምና ለጨረታ ማስከበሪያ የሚያስፈልገውን ተገቢ ክፍያ አበዳሪው ይሸፍናል።

፲፪. የመተባበር ግዴታ

ማንኛውም ፖሊስ ወይም ጉዳዩ የሚመለከተው ሌላ ሰው ለዚህ ደንብ አፈጻጸም የመተባበር ግዴታ አለበት።

፲፫. ደንቡ የሚያስፈልገው ጊዜ

ይህ ደንብ ከሰኔ ፲፮ ቀን ፲፱፻፲፫ ዓ.ም ጀምሮ የዐና ይሆናል።

ፊንፊን: ሰኔ ፲፮ ቀን ፲፱፻፲፫ ዓ.ም

ከማ ደመቅላ
የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት
ፕሬዚዳንት

10. *Cancellation of Register*

- 1) Any person who requests a cancellation of registration shall produce a document agreed upon or final decision of a court.
- 2) The Registrar shall, upon ascertaining the accuracy of the document or decision of the court, cancel the business mortgage from the register.

11. *Service fee*

- 1) The following fees shall be paid:
 - (a) For making new registration..... Bir 300 (flat)
 - (b) for amending or correcting or canceling registration Birr 50 (flat)
 - (c) for obtaining copies or other related service Birr 50 (flat)
- 2) Unless otherwise agreed, the secured creditor shall bear costs necessary for the execution and attachment of the business mortgaged.

12. *Duty to Cooperate*

Any police or other concerned persons shall have a duty to cooperate for the proper implementation of these Regulations.

13. *Effective Date*

These Regulations shall enter into force as of the 22nd day of June 2001.

Done at Finfine, this 22nd day of June 2001

Kuma Demeksa
President of the Oromia Regional State